

HENNEPIN COUNTY

MINNESOTA

Argachuu Danda'uu

Sirni Seensaa Qindaawaan (Coordinated Entry System) karaa ittiin manni jireenyaa namoota mana hinqabneef gumaachame ittiin argatamudha. Bakkee buufataa yeroo hatattamaa keessa, bakkee keessa ykn konkolaataa keessa bulaa hinjirtan yoo ta'e, ykn jeequmsa maatii baqachaa ykn baqachuuf yaalaa hinjirtan yoo ta'e, madaallii Sirna Seensaa Qindaawaa (CES) argachuuf ulaagaa hin guuttan waan ta'eef furmaata mana jireenyaa biraa barbaaddachuu qabdu.

Maatiiwwan ulaagaa seensaa guutan bakkee seensaa quunnamanii beellama qabachuudhaan ykn bakkee seensaa kana quunnamuudhaan ykn bakkee dhimma kanaaf qophaa'e deemuudhaan Sirna Seensaa Qindaawaa kana argachuu ni danda'u.

Maatiiwwan (maatiiwwan dargaggoon bulan dabalatee):

- Maatii yoo taatan (maatii yoo xiqqaate ga'eessa tokkoo fi daa'ima xiqqaa ykn dubartii ulfaa qabu) yoo taatan Front Door Social Services bilbila kanaan 612-348-4111 quunnamaa.
- Yeroo ammaa bakkee bultii yeroo hatattamaa keessa jirtu yoo taatan, bulchaa dhimmaa bakkee buufataa keessa jirtanii gaafadhaatii madaallii CES akka feetan itti himaa. Bakkee buultii yeroo hatattamaa yoo barbaaddan Toora Bilbilaa Kallattii Bakkee Buufataa Hennepin kana irratti bilbilaa 612-204-8200

Dargaggoo:

- Umuriin kee 16-24 yoo ta'e, Toora Odeeffannoo Dargaggoo YMCA kana 763-493-3052 8 irratti ganama sa'a 8 a.m. hanga galgala sa'a 8 p.m. gidduutti bilbili.

Jeequmsa Maatii:

- Jeequmsa Maatiitu isinirra ga'aa jira ykn Jeequmsa Maatii baqachuuf yaalaa jirtu yoo taatan Pirojektii Miidhaa maatii (Domestic Abuse Project) bilbila kanaan 612-874-7063 (ext. 232) quunnamaa ykn teessoo iimeelii kanaan firstcall@mndap.org barreessaafii.

HIV ykn Eedsii:

- HIV ykn Eedsii waliin jiraattu yoo taatan, Clare Housing - Amber Poppe bilbila kanaan 612-888-1630 ykn fuula marsariitii amber.poppe@clarehousing.org quunnamaa.

Miseensota Loltuu Duraanii:

- Miseensa loltuu duraanii yoo taatan MACV Veteran Outreach bilbila kanaan 1-833-222-6228 quunnamaa.

Ga'eessa (umurii 18 olii) hinfuune/hinheerumne kan bakkee bultii hinqabne yoo taate

- Bakkee bultii hinqabdu yoo taate (bakkee, konkolaataa keessa ykn dunkaanaa fi kkf keessa bulaa jirta yoo ta'e) [Hennepin County's Streets to Housing](#) karaa streets.to.housing@hennepin.us quunnami.

Karaa seensaa dargaggoo hinfuunee/hinheerumnee (Maatiiwwanii – odeeffannoo armaan olii ilaalaa maaloo):

Bakkee qubataa deemuun madaalamuu danda'uu akka namaaf hinmirkaneeessine hubadhaa maaloo. Ulaagaa seensaa armaan olii ilaalaa.

Wiixata yeroo hunda

- Waaree booda sa'a 1 hanga 3:30 p.m.tti
- Gargaartota Kaatoliikii (Catholic Charities) – Giddugala Carraa (Opportunity Center)
740 17th Street East, Minneapolis, MN 55404
[Catholic Charities – Opportunity Center map](#)

Kibxata yeroo hunda

- Ganama sa'a 10 a.m. hanga Waareetti.
- Peace House
1816 Portland Avenue, Minneapolis, MN 55404
[Peace House map](#)

Roobii yeroo hunda

- Ganama sa'a 11:30 a.m. hanga Waaree Booda sa'a 1:30 p.m.tti
- Hope Avenue
1229 Logan Avenue North, Minneapolis
[Hope Avenue map](#)

Kamisa yeroo hunda

- Ganama sa'a 9 a.m. hanga Waareetti
- Giddugala Fayyaa Amalaa (Behavioral Health Center) kan 1800 Chicago 1800 Chicago Avenue, Minneapolis, MN 55405 tti argamu
[Behavioral Health Center at 1800 Chicago map](#)

* Gaafa Kamisaa, Muddee 28 tajaajilli hin kennamu.

Jimaata yeroo hunda

- Ganama sa'a 10 a.m. hanga Waareetti
- Basilica St. Mary
88 North 17th street,
Minneapolis [Basilica St.
Mary's map](#)

*Muddee 22 fi Muddee 29 tajaajilli hin kennamu.